**DOI:** https://doi.org/10.20372/jdq.v1i1.750
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor., Amaj. - Onk. 2023, 1(1), 52-75**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Woshbaakii Qormaata Xumura Sadarkaa 1ffaa Afaan Oromoo: Haala Barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa

Abbabaa Baqqalaa[1*], Taamene Kitilaa[2*], Alamuu Waqgaarii[3*]

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa dhiibbaa woshbaakii qormaata xumura barnoota sadarkaa 1ffaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa (QXSTAO) gama barsiisotaan jiru xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis paaraadaayimii piragmaatiksii bu'uureffachuun saxaxni qorannoo walmakaa (mixed methods) hojiirra ooleera. Bu''uruma kanaan G/Sh/Lixaatti aanaalee 8 qaama qorannichaa ta'uun filaman keessatti kilasteroonni manneen barumsaa sadarkaa 1ffaa 21 (M/barumsaa 86) mala iddattoo carraa salphaatiin qaama qorannichaa ta'aniiru. Bu'uuruma kanaan, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa mala iddattoo hundaalessaatiin (comprehensive sampling) filamuun hundisaanii (94) bargaaffii qorannichaa guuturratti hirmaataniiru. Kana malees, kilaasterootа manneetii barumsaa 2 (1, aanaa Amboo; 1, Tokkee Kuttaayee) kaayyootiin filaman keessatti mijata qorataafi fedhii barsiisotaa bu'uureffachuun barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa shan (5) daawwannaa dareefi kudhan (10) ammoo afgaaffii gamisaan caaseffamaarratti (semi-structured interview) akka hirmaatan ta'eera. Haaluma kanaan, ragaaleen bargaaffii istatistiksii ibsaa (firiku'eensiifigatii walakkeessaa/mean value)fi istatistiksii inferenshiyaaliitiin (ko fisheentii beettaa(β) /Standard RegressionCoefficient/Beta)tiin qaacceffamuun ibsamaniiru. Ragaaleen daawwannaa dareefi afgaaffiimmoo mala akkamtaan kan qaacceffaman yoo ta'u, isaanis qaaccessa ragaalee hammamtaa mirkaneessuuf hojiirra oolaniiru. Bu'uuruma kanaan, argannowwan qorannichaa akka agarsiisanitti, QXSTAO hubannoofi raawwii barsiisotaarratti dhiibbaa giddugaleessaafi cimoo ta'an geessisuun argameera. Dhiibbaaleen hi'eentaa kunis adeemsonni barsiisuu barsiisotaa QXSTAO irratti akka xiyyeeffatan taasiseera. Haaluma kanaan, dhimmooti barsiisuu (teaching domains) QXSTAO dhiibbaa irratti geessisuun mul'atanis, qabiyyee barumsaa (M=4.21), madaallii daree keessaa (M=4.13), ramaddiwwan yeroo(M=4.07), meeshaalee deeggarsa barumsaa (M=3.82)fi malleen barsiisuuti(M=3.41). Kunis falaasama sirni barnoota afaanichaa irratti hundaa'e mala qunnamtiin afaan barsiisuu (CLT) akka hojiirra hinoolleefi dhimmoota ijoo barnootichaa kan ta'an dandeettiwwan afaanii xiyyeeffannoo akka hinarganne kan godhedha. Uumama bifoota dhiibbaalee woshbaakii barsiisotaa akkanaafis kanneen sababa ta'an (mediating factors) qabiyyee qormaataa beekuu ($\beta = 0.51$), ilaalcha barachuu barattootaa ($\beta = 0.33$) kabaja ogummaa barsiisummaa ($\beta = 0.32$) dhiibbaalee alaa ($\beta = 0.31$)fi gatii/sadarkaa qormaanni qabu($\beta = 0.24$) ta'uun argameera. Kanaafuu, dhimmamtoonni barnootaa sadarkaa gara garaarra jiran hundi dhiibbaa woshbaakii eeyyentaa (positive washback) QXSTAO fiduu danda'urratti hojjechuu qabu. Kunis, fakkeenyaaf BBO sirrummaa qabiyyee (content validity) QXSTAO mirkaneessuu qaba. Kana malees, kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 waggoota dheeraaf fooyya'insa tokko malee tajaajilaa turan fooyyessanii qopheessuun barbaachisaadha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 05-04-2023
Revised: 20-08-2023
Accepted: 28-09-2023

***Jechoota Ijoo:***
*woshbaakii, qormaata, dhimmoota barsiisuu, dhiibbaa geessistoota*

**Qorataa Muummee: Abbabaa Baqalaa*

***E-mail:* *abebekassa2018@gmail.com***

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**SEENSA**

Woshbaakiin damee xiinqooqa hujoo yoo ta'u, kunis qormaatonni sadarkaa gara garaatti, fakkeenyaaf, daree barnootaa, manneen barumsaa, sadarkaa hawaasa, kkf irratti dhiibbaalee geessisan kan ilaallatudha (Watanabe,2004; Messick,1996; Aldersonfi Wall,1993). Yaadrimeen woshbaakiis qormaatawwanfi barnoota dhiyaatan gidduu hariiroo jiru agarsiisuurratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, Frederiksenfi Collins (1989) '*systemic validity'* Bachmanfi Palmer (1996) '*test impact'* Messick (1996) '*consequential validity'* Hughes (2003) '*backwash*' fi Brown (2003) '*washback*' jechuutiin dhimma itti bahuuf kan yaalanidha. Kunis akka waliigalaatti qormaatonni adeemsa baruu barsiisuu hoogganuufi murteessuu keessatti gahee qabaachuu isaanii kan ittiin agarsiisandha. Haata'u malee, yeroo ammaatti dhiibbaa qormaatawwanii agarsiisuuf xiinqooqa hujoo keessatti bal'inaan kan beekamuufi kan dhimmi itti bahamaa jiru jecha '*washback*' jedhudha (Aldersonfi Wall,1993; Cheng, 2004; Brown, 2004; Watanabe, 2004). Bu'uuruma kanaan qorataanis madaqsa sagalee Afaan Oromoo gargaaramuun 'woshbaakii qormaataa' jechuun kan dhimma itti bahe yoo ta'u, akka qorannoo kanaatti dhiibbaan woshbaakii qormaataa woshbaakii hi'eentaa (negative washback) kan agarsiisudha.

Woshbaakiin qormaataa inni ijoo dhiibbaa qormaanni adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabu kan ilaallatu yoo ta'u, keessattuu qormaanni tokko raawwilee daree keessaa hanga murteessutti humna qabaachuu danda'uusaa kan agarsiisudha. Yaadi Aldersonfi Wall (1993:41) "*It is common to claim the existence of washback and to declare that tests can be powerful determiners"* kan jedhus kanuma mirkaneessa. Messick (1996) gama isaatiin akka ibsutti, washbaakiin xiinqooqa hujoo keessatti yaadrimee bal'aa qabaachuusaa eeruutiin, woshbaakiin barsiisonni afaaniifi barattoonni qormaanni osoo hinjiraanne dalagaalee isaan hinraawwanne jiraachuu qormaataarraa kan ka'e akka raawwatan/dalagan gochuutiin dhiibbaa kan geessisudha jedha *"Washback refers to the extent to which the introduction and use of a test influences language teachers and learners to do things that they would not otherwise do that promote or inhibit language learning"* (Messick,1996:241).

Woshbaakiin kallattumaan qormaataan kan walqabate yoo ta'u, dhiibbaan qormaataa ifaafi cimaa ta'e kan mul'atu gama barsiisaanis ta'e barataan qormaata murteessoofi barbaachisaa ta'an keessattidha. "*There is a natural tendency for both teachers and students to tailor their classroom activities to the demands of the test, especially when the test is very important to the future of the students, and pass rates are used as a measure of teacher success*" (Buck,1988:17). Kunis milkaa'ina borumtaa barattootaan kan walqabate yoo ta'u qabiyyeefi dalagaalee barannoo qormaataa waliin hariiroo hinqabne dhiisuutiin qabiyyewwan qormaata darbuuf barbaachisaa ta'an qofaarratti xiyyeeffachuu agarsiisa. Pearson (1988) akka addeessetti, qabiyyeewwan sirna barnootaa dabsuu (distorting the curriculum)fi akka Aldersonfi Wall (1993)tti ammoo qabiyyewwan sirna barumsaa muraasarratti hundaa'uun xiyyeeffannoofi ilaalcha barsiisotaafi

barattootaa dhiphisuutiin (narrowing the curriculum) kan mul'atudha.

Woshbaakii qormaataan walqabatee qorannowwan woshbaakii biyya keessaa qormaatawwan Afaan Ingiliziirratti hojjetaman agarsiisuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, Dejene (1995) woshbaakii qormaata kutaa 12ffaa isa durii (ESLCE/Ethiopian School Leaving Certificate Examination) irratti hojjete isa tokkodha. Qorannoon kunis, walitti dhufeenya qormaata waliigalaa saniifi kaayyolee barnootaa kutaa 11fi 12 yeroo sanii gidduu jiru xiinxaluuf kan yaaledha. Kanarraa ka'uunis, rakkoolee qormaata biyyoolessaa kutaa 12ffaa irratti mulʾatan adda baasuutiin unkaalee qormaataa (exam formats) dabalatee sirna barnoota Afaan Ingilizii yeroo sanii fooyyessuun akka barbaachisu eeree ture. Inni biroo, dhiibbaa woshbaakii qormaata xumura sadarkaa 2ffaa Afaan Ingilizii kutaa 10ffaa (EGSECE/ Ethiopian General Secondary Education Certificate Examination) Melkamu (2007)tiin hojjetamedha. Kanaafis, qorataan afgaaffiifi indeeksii mirkaneeffataa (checklist indices) gargaaramuun dhiibbaa woshbaakii qormaata Afaan Ingilizii xumura sadarkaa 2ffaa sakattaʾuuf kan yaale yoo ta'u, qormaatichis qabiyyeefi kaayyoo silabasii barnootichaa kan calaqqisiisu ta'ee akka hinargamne agarsiiseera. Kana malees, qorannoo dhiibbaa woshbaakii qormaata Afaan Ingilizii kutaa 12ffaa seensa yunivarsiitii (UEEE/University entrance Engilish Examination) Simachew (2012)tiin hojjetame bal'inaan kan beekamudha. Qorannoon kunis qormaati waliigalaa Afaan Ingilizii eerame kun raawwilee barsiisuufi barachuurratti dhiibbaa geessisuu danda'urratti xiyyeeffatee kan hojjetamedha. Haaluma kanaan, qormaanni waliigalaa kun dhimmoota barsiisuufi barachuu gara garaa, fakkeenyaaf meeshaalee barumsaa, qabiyyee barnootaa, madaalliwwan barumsaa, kkf irratti dhiibbaa hi'entaa (negative washback) geessisuun mul'ateera.

Gama Afaan Oromootiin qorannooleen muraasa digirii 2ffaa guuttachuuf dalagaman yeroo gara garaa keessatti QXSTAO kennaman sirrummaan qabiyyee isaanii gadbu'aa ta'uu kan ittiin agarsiisandha (fakkeenyaaf, Tasisa,2010; Jeyilaan, 2007; Asnakech,2018). Kanaan alatti, hanga hubannoo qorataatti qorannoon woshbaakii qormaata Afaan Oromoo kamirrattuu kan gaggeeffame hinjiru. Kana malees, barsiisonni dhimmamtoota ijoo woshbaakiin qormaataa bal'inaan irratti raawwatudha (Aldersonfi Wall,1993; Spolsky,1995; Watanabe,2004; Chengfi kanneen biroo,2004). Kanaafuu, woshbaakii qormaata Afaan Oromootiin walqabaterratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'a jechuudha. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun dhiibbaa woshbaakii QXSTAO gama barsiisotaan jirurratti xiyyeeffatee kan gaggeeffame yoo ta'u, kunis gaaffilee bu'uuraa armaan gadii 2 deebisuurratti kan xiyyeeffatedha.

1. QXSTAO raawwii barsiisuurratti dhiibbaa geessisuu walqabatee barsiisonni hubannoo akkamii qabu?
2. QXSTAO raawwii barsiisuurratti dhiibbaa geessisurratti hubannoo barsiisonni horataniif dhimmoonni gumaachan (*factors*) maal fa'i?

**Woshbaakii Qormaataa Dhimmoota Barsiisuurratti Jiru**

Bu'aaleen qorannoo woshbaakii gara garaa (fakkeenyaaf, Aldersonfi Wall.1993; Watanabe,2004; Cheng,2002; Spatt,2005, Bailey,1999, kkf) akka agarsiisanitti qormaatonni dhimmoota baruu barsiisuu gara garaarratti kallattii gara garaan dhiibbaalee ni'geessisu. Dhimma baruu barsiisuun walqabatee uumama woshbaakii qormaataa keessatti barsiisaan gahee wiirtuu qabata, "*Teachers are believed to play the central role for the washback of tests to happen in the teaching and learning processes"* (Simachew,2012:28). Haaluma kanaan dhimmooti barsiisuu dhiibbaalee qormaataaf saaxilamoo ta'uu danda'an isaan ijoos kan armaan gadiiti:

**i. Ramaddii Yeroo**

Argannowwan qorannoo woshbaakii kan akka Cheng (2002), Spatt (2005)fi Shohamyfi kanneen biroo (1996) akka mul'isanitti keessattuu qormaatawwan murteessoo ta'an irratti (high stakes exams) barsiisonni amala yeroo dheeraa fudhatanii barattoota gargaaruu qabu. Fakkeenyaaf, Chen (2002) manneetii barumsaa sad.2ffaa kan biyya Taayiwaan irratti dhiibbaa woshbaakii Qormaata Bu'uu Afaan Ingilizii (BCTE/Basic competence Test in English) irratti qorannoo gaggeesseera. Qorannoon kunis malleen daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaa kan bu'uureffatedha. Haaluma kanaan, barsiisonni 75% ol ta'an irra jireenya yeroo isaanii Qormaata bu'uuraa Afaan Ingilizii kana barattoota shaakalsiisuurratti akka oolchan ibsaniiru. Qormaata beekamaa TOEFL (Teaching English as a Foreign Language) jedhamu shaakaluufi shaakalchiisuuf yeroon bal'aa akka kennamu qorannoon Aldersonfi Hamplyons (1996) agarsiiseera. Kana malees, Buck (1988:33) *"Teachers and students' budget most of their time to the activities that are related to tests"* jechuutiin milkaa'ina qabxii barattootaaf jecha barsiisonniifi barattoonni dalagaalee qormaataan walqabatan irratti xiyyeeffachuu isaanii kan ibses yaaduma kana mirkaneessa.

**ii.. Qabiyyee Barnootaa**

Dhimmoota dhiibbaa barnootaaf saaxilamoo ta'an keessaa tokko qabiyyee barnootaati. Dhiibbaaleen qormaataa qabiyyee barnootaarratti raawwatan yeroo baayyee sirna barnootaa dhiphisuurratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kunis qabiyyeewwan qormaataaf xiyyeeffannoo kennanii barsiisuufi qabiyyeewwan qormaataa miti jedhanii kan yaadanimmoo barsiisuu dhiisuudha (Aldersonfi Hamplyon, 1996; Chen, 2002; Aldersonfi Wall,1993). Bu'aa qorannoo Chen (2002) akka agarsiisetti qabiyyee qormaataan walqabatee dhiibbaan woshbaakii kan hinoolle yoo ta'u, keessattuu barsiisonni qabiyyeefi unkaa qormaataa hanga baraa deeman woshbaakiin qormaataa kallattii barsiisotaan raawwatu dabalaa deema, *"Exam coaching seems inevitable especially when teachers have more awareness of contents, skills, and/or formats to be tested in examination."* (Chen, 2002:53).

**iii. Meeshaalee Barumsaa**

Akka yaada hayyoota garagaraatti dhimmi biroo qormaanni dhiibbaa irra geessisuu danda'u meeshaalee barumsaati (Alderson,

2004, Spratt, 2005). Qorannoo woshbaakii keessatti meeshaalee barumsaa kan jedhu

kitaabolee qormaataarratti xiyyeeffataniifi waraqaalee qormaataa baroota darbanii kan agarsiisudha (spratt, 2005; Davies, 1990). Barannoo dareen walqabatee irra jireessi barsiisotaa meeshaalee barumsaa qormaataan walqabatan bal'inaan dhimma itti bahuu isaanii qorannowwan gara garaa agarsiisaniiru.

**iv. Malleen Barsiisuu**

Malleen barsiisuu dhimma barsiisuu isa biroo qormaanni dhiibbaa irratti geessisuu danda'udha. Kunis bu'aalee qorannoo gara garaa fakkeenyaaf, Hays (2003)fi Shohamyfi kanneen biroo (1996) irraa akka hubatamutti, dalagaalee qormaata fakkaatan dhiyeessuufi shaakalchiisuu, barsiisaan daree keessatti yeroo haasawaa bal'aa fudhachuu, tarsiimoolee qormaanni ittiin hojjetaman agarsiisuu,kkf dhiibbaalee qormaanni malleen barsiisuurratti geessisudha jedhamuun kanneen fudhatamandha. Haata'u malee, jiraachuu qormaataarraa kan ka'e jijjiiramni malleen barsiisuu raawwate hinjiru kan jedhu gabaasni argannoo qorannoo Aldersonfi Wall (1993)fi Cheng (1997) argannoo yaadrimee kallattii biroon dhiyaatedha. Kanaafuu, hariiroo qormaataafi malleen barsiisuu gidduu jiru agarsiisuurratti argannoolee jiran irraa waanti ifatti hubatamu nijira. Kunis dhiibbaan qormaataa malleen barsiisuurratti dhufu dhiibbaa geessisuu dhabuurraa eegalee dhiibbaalee sadarkaa gara garaa geessisuu danda'uusaa kan agarsiisudha.

**v. Madaallii Daree Keessaa**

Akkuma dhiyeessa qabiyyeefi itti fayyadama meeshaalee barumsaa qormaanni madaallii daree irratti dhiibbaa geessisuu nidanda'a.

Madaalliiwwan daree dhiyaata qabiyyeewwaniifi caalaatti ammoo ibsoota barannoo daree keessaa bu'uureffachuun kan dhiyaatandha (Hughes,2003). Haata'u malee, qajeelfama kanarraa goruun madaalliin daree qabiyyeefi bifoota qormaata waliigalaa (*Public exams*) akka hordofuufi akka fakkaatu gochuun nijira. Kunimmoo, fakkeenyaaf, Shih (2009)fi Aldersonfi Wall(1993) akka ibsanitti bifoota gara garaatiin agarsiifamuu danda'u. Qormaatawwan waliigalaa baroota darbanii qormaata daree godhanii fudhachuun isa tokkodha. Kitaabota qormaataa gabaatii bitaman gargaaramuunis isa biroodha. Galmi gochaalee kanaas qormaata waliigalaarratti milkaa'ina argachuufdha. Haata'u malee, madaalliiwwan daree raawwachuu keessatti qabiyyewwan sirna barumsaa caalaatti qabiyyeefi bifoota qormaata waliigalaaf xiyyeeffannoo kennuunimmoo dhiibbaa hi'eentaa qormaanni waliigalaa madaallii dareerratti geessisudha (Shohamyfi kanneen biroo, 1996; Shih, 2009; Aldersonfi Wall, 1993).

**Sababoota Uumama Woshbaakii Qormaataa**

Woshbaakiin qormaataa qofaa isaa qilleensarratti kan uumamu miti. Qormaannis ammo ofuma isaan woshbaakii geessisa miti (Spratt,2005). Haata'u malee, dhimmooti gara garaa uumama woshbaakii qormaataaf gumaachan nijiru, "*There are agents that trigger tests to produce washback in the teaching and learning process*". Dhimmooti gara garaa uumama woshbaakii keessatti gahee qabanis uumama, amalootaafi cimina

woshbaakii kanneen murteessandha. Dhimmooti kunis amaloota barsiisaafi barataa, uumama haalota baruufi barsiisuu, akkasumas meeshaalee barnootaa kan ilaallatandha (Hughes,1993; Chen, 2002; Shih,2009). Kanaan walqabatees, dhimma ijoo qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qaban maddeen woshbaakii barsiisotaa eeruun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan, yeroo dheeraa keessatti bu'aaleen qorannoo gara garaan kan adda bahan, fakkeenyaaf ogummaa barsiisummaa, fedhii/ilaalcha barachuu barattootaarratti hubannoo barsiisotaa jiru, gatii/sadarkaa qormaataa, hubannoo waa'ee qormaataafi dhiibbaalee alaarratti hubannoo barsiisonni qabandha. Maddeen woshbaakii dhimmoota barsiisotaa kunis haalota uumama woshbaakii gara garaa keessatti dhuunfaanis ta'e gareen dhiibbaalee sadarkaa gara garaa kan geessisuu danda'andha (Chen,2002; Cheng,2005; Spratt,2005).

Qorannoon kun maldhahiwwan Aldersonfi Wall (1993) kan bu'uureffate yommuu ta'u, qormaatonni dhimmoota barsiisaafi barataa garaagaraa irratti dhiibbaalee geessisuu nidanda'u kan jedhudha. Dhimmooti dhiibbaa qormaataaf saaxilamuu danda'anis qabiyyee barumsaa, meeshaalee barumsaa, madaallii daree keessaa, karoora barumsaa, kan kana fakkaatan ta'uu danda'u yaada jedhuun kan ijaaramedha. Kanaan walqabatees, sababoota uumama woshbaakii qormaataa agarsiisuun kan bocame Fireemworkiin Shih (2009) qorannoo kanaaf yaadiddama dabalataa ta'ee gargaareera. Haaluma kanaan, maddeen woshbaakii qormaataa garaagaraa Shihn (2009) masakaman keessaa dhimmooti barsiisaafi kan haalawaa haala qabatamaa QXSTAO waliin deeman qorannoo kana keessatti hammataman jiru.

**Meeshaaleefi Malleen**

Kaayyoon qorannoo kanaa dhiibbaa woshbaakii QXSTAO gama barsiisota Afaan Oromoo kutaa 8ffaan jiru sakatta'uurratti kan xiyyeeffatedha. Galma ga'insa kaayyoo qorannoo kanaafis malli saxaxa qorannoo ibsaa *(Descriptive Research Design*) dhimma itti bahameera. Kunis haala raawwiin/dhimmi tokko qabatamaan keessa jiru agarsiisuurratti kan xiyyeeffatudha (Kothari, 2004; Cresswell, 2014). Qaaccessa ragaalee qorannoo kanaaf malleen hammamtaafi akkamtaa kan hojiirra oolan yommuu ta'u, itti fayyadamni malleen walmakoos mirkaneessa ragaalee keessatti faayidaa guddaa qaba jedhamee amanama (Dornyei,2007; Cresswell, 2014). Haaluma kanaan, ragaaleen ragaaleen bargaaffii mala hammamtaan yoo qaacceffaman ragaaleen daawwannaa dareefi afgaaffiin ammo mala akkamtaatiin akka qaacceffaman ta'eera.

**Tooftaalee Iddattoo**

Iddattoon qorannoo kanaa mala iddattoo sadarkaa heddee keessa darbuun kan gaggeeffamedha. Godina Shawaa Lixaatti baay'ina manneetii barumsaa aanaalee 22 bu'uureffachuun istiraataa 4tti qooduun (1, 20-25, 2, 30-35, 3, 36-40fi 4, 41fi >41) isa jalqabaa yoo ta'u, mala iddattoo istiraataa salphaatiin aanaaleen 8 filamaniiru. Mala iddattoo sadarkaa heddee eerame keessatti kilaasteroota manneetii barnootaa filuun immoo isa lammataati. Bu'uuruma kanaan, aanaalee 8 keessatti kilaasteroonni manneetii barumsaa sadarkaa 1ffaa akkaataa qajeelchi barnoota Godina Shawaa Lixaa ijaare bu'uureffachuun kan gaggeeffame yoo ta'u,

kilaasteroota manneetii barumsaa sadarkaa 1ffaa aanolee 8 keessatti argaman

keessaa kilaasteroonni manneetii barumsaa 25% ta'an mala iddattoo carraalessaan (*Lottery method*) filamuun qaama qorannichaa taasifamaniiru. Haaluma kanaan, kilaasteroonni manneetii barumsaa filaman 21 yoo ta'an, kilaasteroonni kunis manneen barumsaa 86fi barsiisota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa 116 kan qabandha. Barsiisonni kunis hundisaanii mala iddattoo hundaalessaatiin (*comprehensive sampling method*) bargaaffii qorannichaaf qophaa'e akka guutan ta'eera. Gama daawwannaa dareetiinimmoo kilaasterii aanaa Amboorraa 3fi aanaa Tokkee Kutaayyeerraa 2 walumatti barsiisonni 5 mana barumsaa 5 kaayyoodhaan akka filaman ta'eera. Barsiisota daawwannaa dareef kaayyootiif filuun sababa mataasaa qaba. Daawwannaan daree fedhii barsiisota daawwatamanii kan gaafatu yoo ta'u, keessattuu qorannoon woshbaakii daawwannaa yeroo dheeraa kan fudhatu ta'uurraa kan ka'e barsiisonni daawwataman fedhii dhabuu danda'u (Cheng, 2005). Kanaan walqabatee barsiisota afgaaffiirratti hirmaatan filuunis isa biroodha. Haaluma kanaan, barsiisota dareetti daawwataman 5 dabalatee kilaasteroota manneetii barumsaa aanaa Amboofi Tokkee Kuttaayeerraa walumaagalatti barsiisonni 10 mala iddattoo sirnawaa ta'een (systematic sampling method) filamaniiru.

**Tooftaalee Funaansa Ragaalee**

Malli funaansa ragaa qorannoo kana keessatti dhimma bahame inni ijoon bargaaffiidha. Daawwannaan dareefi afgaaffiin barsiisotaas kan dhimma itti bahaman yoo ta'u, isaanis mirkaneessa ragaalee keessatti gahee guddaa kan taphatandha.

**Bargaaffii**

Green (2007) akka ibsutti hubannoon hirmaattotaa dhagaa goolee qorannoo woshbaakiiti "*The area of participant perceptions has long been a cornerstone of washback studies*" (f.26). Kana malees, hubannoo/ilaalcha namootaa qorachuuf bargaaffiin meeshaa ijoo odeeffannoo sassaabuuf gargaaru akka ta'e hayyoonni biroo kan akka Kumar (1996), Kothari (2004)fi Sarantakos(2013) irratti waliigalu. Green (2007:69) "*Survey questions remains the most effective means of accessing the views of participants*" jechuun kan ibsus kanuma mirkaneessa. Bargaaffiin kunis, 1ffaa, QXSTAO raawwii barsiisotaarratti dhiibbaalee geessisuun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban adda baasuuf kan dhimma itti bahamedha. 2ffaa, dhiibbaa QXSTAO geessisuun walqabatee hubannoo/ilaalcha barsiisonni horataniif dhimmooti sababa/ka'umsa ta'an (*mediating factors*) adda baasuuf kan hojiirra ooledha. Haaluma kanaan, bargaaffiin barsiisotaa sadarkaa waliigaltee 'likert skeelii' filannoo 5n qophaa'ee kutaalee 2fi gaaffilee 56n kan qindaa'e yoo ta'u, kunis barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa iddattoo hundaalessaan filatamaniif (116) rabsameera. Bargaaffiin rabsames deeggarsa Qajeelcha Barnoota G/SH/Lixaatiin yoo ta'u bargaaffiin 94 seeraan guutamee deebi'eera.

**Daawwannaa**

Burns (1990:80), faayidaa daawwannaa daree yoo ibsu, “[ *Classroom observation] enables the researchers to document and reflect systematically upon classroom interactions and events as they actually occur rather than as we think they occur*” jedha. Yaadi waraabbichaas, daawwaannaan daree dhimmoota gara garaa daree keessatti raawwataman qabatamaan galmeessuuf kan nama dandeessisu ta’uusaa kan nu’agarsiisudha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa dhiibbaa woshbaakii QXSTAOn walqabate yoo ta’u, kun kana malees, qorannoo woshbaakii qormaataa gaggeessuu keessatti ammoo daawwannaa dareetti dhimma bahuun barbaachisaa akka ta’e hayyoonni gara garaa nigorsu (Aldersonfi wall, 1993, Chengfi Curtis, 2004; Green, 2007). Bailey (1999:36) gama ishiitiin “*I would argue that the observational component is necessary in order to understand washback effect*.” jechuun ibsiti. Kunis, adeemsa/ raawwii baruu barsiisuu keessatti dhiibbaa woshbaakiin qormaataa qabu hubachuuf daawwannaan daree barbaachisaa ta’uusaa kan agarsiisudha. Haaluma kanaan, Godina Sh/Lixaatti, kilasterii manneen barumsaa aanaa Amboo(3)fi Tokkee Kuttaayyeerra(2) barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa kaayyootiin filaman 5 yeroo barsiisan si’a afur afur daawwatamaniiru. Adeemsa daawwannaa keessattis cheeklistiin qabxii 5 qabu kan Simachew (2012)fi sakatta’a barruurraa madaqfame dhimma itti bahamee jira.

## Afgaaffii

Deebii kennitoonni tokko tokko barreeffamarra afaaniin yaada isaanii caalaatti ibsatu. Kana malees, namni gaaffii afaanii dhiyeessu tokko irra deebi’ee gaafachuu ykn waa mirkaaneeffachuuf afgaaffii keessatti carraa qaba (Bestfi Kahn, 1999; Kumar, 1996). Kunis, kan agarsiisu qo’annoo gaggeessuurratti qaama dhimmi ilaallatu waliin gaaffiifi deebii gaggeessuun odeeffannoo qabatamaafi amanamaa ta’e argachuurratti faayidaa guddaa qaba. Bu’uuruma kanaan, kallattii kaayyoleen qorannichaa deebi’uu danda’an irratti hundaa’uun afgaaffiin barsiisotaa gamisaan caaseffamaa (semi-structured) kutaalee 3fi gaaffilee 7n qindaa’eera. Afgaaffiin haala kanaan qindaa’es barsiisota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa afgaaffiif filaman kudhan (10) waliin bakka barsiisotaaf mijatetti gaggeeffameera. Afgaaffiin barsiisota waliin gaggeeffames kan waraabame yoo ta’u, yaadannoo barreeffamaanis akka deeggaramu ta’eera.

## Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti malleen qaaccessa ragaalee hammamtaafi akkamtaa hojiirra oolaniiru. Ragaaleen bargaaffiin walitti qabaman mala qaaccessa ragaa hammamtaatiin kan qaacceffaman yoo ta’u, kaayyolee qorannichaarratti hundaa’uun istaatistiksii ibsaafi inferenshiyaaliin qaacceffamaniiru.

Haaluma kanaan, dhiibbaa QXSTAO geessisurratti hubannoo barsiisotaa adda baasuun isa jalqabaati. Kunis doomenoota barsiisuu 6 (*Karoora barnootaa, Ramaddii yeroo, Qabiyyee barumsaa, Malleen barsiisuu, Meeshaalee barumsaafi Madaallii barumsa daree*) irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, QXSTAO doomenoota barsiisuu kamirratti dhiibbaa akka geessiseefi hagam dhiibbaa akka geessise kan ittiin

agarsiifamedha. Kunis istatistiksii ibsaa kan ta'an firiku'eensiifi gatii walakkeessaan (mean value) kan xiinxalame yoo ta'u, sadarkaan gatii walakkeessaa hojiirra ooles armaan gaditti dhiyaateera (Alkaharusifi kanneen biroo, 2012: 220) gargaaraman kan bu'ureffatedha:

1. 1.00 -1.79 Dhiibbaa baayyee gadbu'aa
2. 1.80 – 2.59 Dhiibbaa gadbu'aa
3. 2.60 – 3.39 Gidduugala
4. 3.40 -4.19 Dhiibbaa cimaa
5. 4.20 – 5.00 Dhiibbaa baayyee cimaa

Lammaffaa dhiibbaa QXSTAO geessisurratti dhimmoota gumaachan (mediating factors) adda baasuudha. Kunis ka'umsa dhiibbaa woshbaakii qorattoota gara garaan adda bahanfi sakatta'a barruu qorannoo kanaa keessatti agarsiifaman (kabaja ogummaa barsiisummaa, Qabiyyee qormaataa beekuu, Tajaajila barsiisummaa, Ilaalcha barachuu barattootaa, Gatii qormaataa, dhiibbaa alaafi Baay'ina wayitii barsiisaa) irratti xiyyeeffachuun kan ilaalamedha. Haaluma kanaan doomenoonni barsiisuu gumaachitoota dhiibbaa woshbaakii kunneen dhiibbaa geessisuu isaaniifi hagam dhiibbaa akka geessisan ilaaluuf istaatiksii inferenshiyaalii kan ta'e Rigireeshiinii Dhaabbataan (**standard Regression coefficient /Beta)** xiinxalamaniiru. Kanaafis, sadarkaan **kofisheentii Bettaa (β)** armaan gadii Muijs (2004:166) ibses hojiirra ooleera.

1. < 0.1 Dadhabaa
2. 0.11 – 0.3 Fooyyee Qabeessa
3. 0.31 – 0.5 Giddugaleessa
4. > 0.5 Cimaa

Ragaaleen daawwannaafi afgaaffiis mala qaaccessa ragaa akkamtaan qaacceffamaniiru. Isaanis madda ragaa ijoo kan ta'e meeshaa bargaaffii deeggaruun ragaalee rogsadeessuuf tajaajilaniiru (Dornyei, 2007; Cresswell,2014).

**Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee**

Kutaan kun dhiyeesa, qaaccessaafi ragaalee ibsuurratti kan xiyyeeffatedha. Bu'uuruma kanaan, ragaalee ijoo kan ta'an ragaaleen bargaaffiiwwanii kutaa IIfi gaaffilee 56n qindaa'aniiru. Ragaaleen kunis gabatewwan gara garaan kan dhiyaatan yoo ta'u, hiikkaa istaatistiksii ibsaafi inferenshiyaalii bu'ureffachuun xiinxalamaniiru. Ragaaleen daawwannaa dareefi afgaaffiis bu'uura rogsadeessa ragaaleetiin qaaccessa ragaalee hammamtaa mirkaneessuuf tajaajilaniiru.

**QXSTAO Qophii karoora barumsaarratti Dhiibbaa Geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa**

Kutaan kun QXSTAO qophii karoora barumsaarratti dhiibbaa geessisuun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban sakatta'uurratti kan xiyyeeffatedha. Haala kanaan, doomeniin kunis bargaaffii 4n kan dhiyaate yoo ta'u bu'aan argannoo isaas Gabatee-1 armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee1: QXSTAO Qophii Karoora Barumsaarratti Dhiibbaa geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa (N=94, Kutaa-I, gaaff. 1-4).**

| Safara Iskeelii (*Mean scale value*) | | F | Dhibbanta (%) | Walakkeessa (*Mean*) | Garaagarummaa (*S. Deviation*) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1.00 - 1.79 | Daraan Gadaanaa | 17 | 18 | 2.5 | 0.71 |
| 1.80 - 2.59 | Gadaanaa | 40 | 42.6 | | |
| 2.60 - 3.39 | Walakkaa/Neutral | 11 | 11.7 | | |
| 3.40 – 4.19 | Ol'aanaa | 22 | 23.4 | | |
| 4.20 - 5.00 | Daraan Ol'aanaa | 4 | 4.3 | | |

**f**= Friku'eensii/Baa'ina Deddeebi'ee Dhufuu

Qaaccessi deebii hubannoo barsiisotaa Gabatee-1 keessatti dhiyaate akka agarsiisutti QXSTAO qophii karoora barnootaa barsiisotaarratti dhiibbaan geessise hin'jiru yookiinmoo baayyee gadaanaadha (M= 2.5, SD = 0.81). Kunis, deebii hirmaattotaan yoo agarsiifamus, irra caalaan deebii kennitootaa, 57(60.6%) QXSTAO qophii karoora barsiisotaarratti dhiibbaa gadaanaafi daraan gadaanaa ta'e akka geessisutti kan hubatan yoo ta'u, barsiisonni 22 (23.4%) qofaan QXSTAO kun qophii karoora barsiisotaarratti dhiibbaa cimaa ta'e akka geessisutti hubatanii jiru. Dhimma kanaan walqabatee afgaaffiin barsiisota waliin gaggeeffames argannoo bargaaffii kan deeggare yoo ta'u, barsiisota lama irraa kan hafe ($B_3$, $B_7$) hundisaaniiyyuu qophii karooraarratti dhiibbaa qormaanni xumuraa kun geessisu akka hinjirre ibsaniiru. Fakkeenyaaf, deebii kennaan tokko ($B_2$), "Ani karoora barnootaa kanin qopheessu waa'ee qormaata kutaa 8ffaa yaaduutiin miti" yoo jedhu, deebii kennaan biroommoo ($B_5$) gama isaatiin, "*Ani akka kan kootti, karoora waggaas haata'u, kan torbanii yoon qopheessu kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa hordofuundha. Karoorri barnoota torbaniimmoo kan isa waggaarraa baha mitiiree? Anis kanuman hordofa*" jechuutiin $B_2$ bifa deeggaruun yaada kenneera. Deebii kennitoonni hafanis yaada $B_2$fi $B_5$ kaasaniin kan walfakkaatu yoo ta'u, adeemsi qophii karooraa barsiisuu isaaniirratti dhiibbaa QXSTAO geessisu hinjiru kan jedhudha. Kanaafuu, akka waliigalaatti karoorri barumsaa barsiisotaan qophaa'uufi QXSTAO gidduu hariiroon akka hinjirreefi qormaanni xumuraa kun dhiibbaa inni barsiisuu barsiisotaarratti geessisu akka hinjirre kan hubachiisedha.

**QXSTAO Ramaddii Yeroorratti Dhiibbaa Geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa**

QXSTAO dhiibbaa ramaddii yeroorratti geessisuu danda'uun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban ilaaluun xiyyeeffannoo kutaa kanaati. Dhimmi ramaddii yeroos bargaaffii 7n kan dhiyaate yoo ta'u bu'aan argannoo isaas Gabatee -2 armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gab. 2: QXSTAO Ramaddii Yeroorratti Dhiibbaa Geessisurratti Hubannoo Barsiisotaa (N=94, Kutaa-I, gaaff. 5-11).**

| Safara Iskeelii (*Mean scale value*) | | F | Dhibbanta (%) | Walakkeessa (*Mean*) | Garaagarummaa (*S. Deviation*) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1.00 - 1.79 | Baayyee Gadaanaa | - | - | | |
| 1.80 - 2.59 | Gadaanaa | 6 | 6.4 | | |
| 2.60 - 3.39 | Walakkaa/Neutral | 13 | 13.8 | | |
| 3.40 – 4.19 | Ol'aanaa | 50 | 53.2 | 4.07 | |
| 4.20 - 5.00 | Daraan Ol'aanaa | 25 | 26.6 | | 0.56 |

**f**= Friku'eensii/Baa'ina Deddeebi'ee Dhufuu

QXSTAO ramaddii yeroo barsiisotaarratti dhiibbaa geessisuu danda'u ilaalchisee qaaccessi bargaaffii deebii hubannoo barsiisotaa Gabatee 2 keessatti dhiyaateera. Haaluma kanaan, argannoon ibsa hubannoo barsiisotaa akka mul'isutti gatiin walakkeessa (Mean value) deebii kennitootaa ol'aanaa (4.07) ta'ee argameera. Kana jechuunis, QXSTAO ramaddii yeroo barsiisotaarratti dhiibbaa cimaa ta'e akka geessisu hubannoo barsiisonni qaban ta'uusaa kan agarsiisedha. Firiiku'eensii deebii kennitootaan yoo agarsiifamus, irra jireenyi hirmaattotaa, 75(80%) qormaanni xumuraa kun ramaddii yeroo barsiisotaarratti dhiibbaa ol'aanaafi daraan ol'aanaa ta'e akka geessisu ibsaniiru. Gama biraanimmoo hirmaattonni 2(6.4%) qofa qormaati kun ramaddii yeroo barsiisotaarratti dhiibbaa gadaanaa ta'e akka geessisu argannoon deebii hubannoo barsiisotaa agarsiiseera. Ragaan afgaaffiis argannoo bargaaffii kan deeggaruun argameera. Kunis hirmaattonni afgaaffii 7 ($B_1$, $B_2$, $B_4$, $B_6$, $B_7$, $B_9$, $B_{10}$) gilgaalota kitaaba barataa gara garaa yeroo hojjechiisanitti gaaffilee QXSTAO keessatti hammatamaniif yeroo bal'aa kennuun barattoota akka shaakalchiisan ibsaniiru. Kana malees, tarsiimoowwan ittiin barattoonni QXSTAO darbuuf isaan gargaaru kan shaakalchiisan ta'uu ibsaniiru. Barattoonnis, gama isaaniin, haala kanaan kan dhiyaatuuf yoo ta'e, fedhiin kan baratan ta'uu yaadni deebii kennitoota kanaa dabalataan agarsiiseera. Ragaan daawwannaa darees kanuma kan mirkaneesse yoo ta'u, barsiisota daawwataman 5 keessaa 4 ($B_1$, $B_3$, $B_4$, $B_5$) qabiyyewwan birkiilee beekumsaa kan akka seerlugaa, jechootaafi ogbarruu irratti xiyyeeffatanii barsiisaa turaniiru. Qabiyyewwan kunimmoo fakkeenyaaf, Hughes (1989)fi Simachew (2012) akka ibsanitti qabiyyewwan unkaa filannootiin salphaatti qophaa'anfi qabiyyewwan bal'inaan qormaatawwan waliigalaarratti (*Public exams*) dhufandha.

Walumaagalatti, ragaaleen gara garaa rogsadeeffame akka mul'isutti QXSTAO itti fayyadama yeroo barsiisotaarratti dhiibbaa cimaa kan geessisu ta'ee argameera. Kunis, bu'aa qorannoo Simachew (2012:33), "*Extra or more practice time is allocated to areas of the language anticipated to be tested. However, lessons or parts of a lesson expected not to be tested may be given negligible time*"

jechuun ibse waliin kan walsimatudha. Kana malees, bu'aan qorannoo kanaa qorannowwan kan akka Chen (2002)fi Cheng (2005) waliin kan waldeeggaru ta'ee yoo argamu barsiisonni qabiyyewwan qormaataa barsiisuuf barsiifata yeroo bal'aa kennuun isaanii kan ittiin beeksifamedha.

**QXSTAO Malleen Barsiisuu Afaanichaa Irratti Dhiibbaa Geessisurratti Hubannoo Barsiisotaa**

Kutaan kun QXSTAO dhiibbaa malleen barsiisuu afaanichaarratti geessisuu danda'uun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban ilaaluurratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, dhiibbaa qormaanni xumuraa kun geessisuun walqabatee doomenii malleen barsiisuu kunis bargaaffii 3n kan qindaa'e yoo ta'u, qaaccessi bu'aa argannoos Gabatee -3 armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee.3: QXSTAO Malleen Barsiisuu Afaanichaarratti Dhiibbaa Geessisurratti Hubannoo Barsiisotaa (N=94, gaaff. 18-20).**

| Safara Iskeelii (*Mean scale value*) | | F | Dhibbanta (%) | Walakkeessa (*Mean*) | Garaagarummaa (*S. Deviation*) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1.00 - 1.79 | Daraan Gadaanaa | 6 | 6.4 | | |
| 1.80 - 2.59 | Gadaanaa | 3 | 3.3 | | |
| 2.60 - 3.39 | Walakkaa/Neutral | 19 | 20 | | |
| 3.40 – 4.19 | Ol'aanaa | 63 | 67 | 3.41 | |
| 4.20 - 5.00 | Daraan Ol'aanaa | 3 | 3.3 | | 0.71 |

**f**= Friku'eensii/Baa'ina Deddeebi'ee Dhufuu

QXSTAO malleen barsiisuu afaanichaarratti dhiibbaa geessisu ilaalchisee qaaccessi deebii hubannoo barsiisotaa Gabatee 3 keessatti dhiyaateera. Haaluma kanaan, gabaasni argannoo Gabatee 3 akka agarsiisutti, QXSTAO malleen barsiisuu afaanichaarratti dhiibbaa cimaa ta'e kan geessisu ta'ee argameera (M =3.41, SD= 0.71). Firiiku'eensiin deebii kennitootaa yoo ilaalamus, deebii kennitoonni baayyeen, 63(67%) qormaanni xumuraa kun malleen barsiisuu afaanichaarratti dhiibbaa ol'aanaa ta'e, akkasumas, deebii kennitoonni 19(20%) ammoo qormaatichi malleen barsiisuu afaanichaarratti dhiibbaa giddugaleessa ta'e kan geessisu ta'uu ibsaniiru. Gama biraanimmoo, deebii kennitoonni 9 (9.7%) qofaan QXSTAO malleen barsiisuurratti dhiibbaa gadaanaafi daraan gadaanaa ta'e kan geessisu ta'uun ibsa deebii hubannoo barsiisotaati.

Ragaan afgaaffii barsiisotaa argannoo bargaaffii kan mirkaneesse yoo ta'u, barsiisaa tokkoon alatti ($B_6$) hirmaattonni afgaaffii hundi yaada walfakkaatu calaqqisiisaniiru. Akka yaada barsiisota kanaattis, qabiyyewwan kitaaba barataa yeroo dhiyeessan bifa gaaffiifi deebiin, yaadannoo kennuufi irra caalaattimmoo ibsa barsiisaatiin kan gaggeeffamedha. Kanaafis, keesumaayyuu, akka yaada hirmaattota afgaaffii tokko tokkootti ($B_5$, $B_8$, $B_{10}$) malleen gargaaramaniin walqabatee QXSTAO gahee guddaa

qabaachuu isaa haalli itti agarsiisantu jira. Fakkeenyaaf, $B_5$, "Barattoonni yerootti hojiin cimdii yookaan garee isaaniif kennamu hirmaachuuf fedhii hinqaban. Keesumaa immoo yeroo barattoota kutaa 8ffaa ta'ummoo gonkumaan waan akkanaarratti hirmaachuu hinfedhan" jechuun yaada kenneera. Haaluma walfakkaatuun, $B_8$ "*Barattoonni kutaa 8ffaa gareenis ta'e dhuunfaan fakkeenyaaf barreessuu, yookaan dubbachuun walqabatee hojjechuu hinbarbaadan. Gaaffileen akkanaas ministirii irratti hindhufan. Kanammoo sirriitti beeku. Barattoonnimmoo qormaata darbuuf baratu. Barsiisaanis fedhii barattootaa eegu filata"* jedhuutiin barsiisaan malleen barsiisuu kamiin gargaaramuutti akka luucca'uu agarsiiseera.

Daawwannaan darees argannoo bargaaffiifi afgaaffii kan mirkaneesse yoo ta'u, barannoo dhiyeessuu kessatti malleen barsiisuu tokko tokko fakkeenyaaf, hojii dhuunfaa, lameefi gareen hirmaachisuuf yaaluun daawwatamaniiru. Haata'u malee, isaanis mala qunnamtiin afaan barsiisuu (CLT) bifa barbaaduun qindaa'anii kan dhiyaatandha jechuun hindanda'amu. Kanarraa kan hafe barsiisonni daawwataman hundisaanii ($B_1$, $B_2$, $B_3$, B4, $B_5$) qabiyyeewwan barannoo kan akka seerluga, jechootaafi ogbarruwwan, kkf dhiyeessuufi yaadannoo gara garaa kennuutiin yeroo bal'aa ofumaan yoo gargaaraman daawwatamaniiru. Raawwilee Kana keessattis dhiibbaa QXSTAO qabu guddaa ta'uusaa hubachuun nidanda'ama.

Walumaagalaatti, argannoowwan qaaccessa ragaalee bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaan daree akka agarsiisanitti QXSTAO malleen barsiisuurratti dhiibbaa cimaa ta'e geessisuun mul'ateera. Bu'aan argannoo qorannoo kanaas jiraachuu qormaataarraa kan ka'e jijjiiramni malleen barsiisuu raawwate hinjiru kan jedhu argannoo Aldersonfi Wall (1993) waliin faallaa ta'ee argameera. Haata'umalee, Argannowwan hojiilee biroo fakkeenyaaf, kan Aldersonfi Hamplyon (1996)fi Simachew (2012)fi Hayes(2003) waliinimmoo kan waldeeaggaru ta'ee argameera.

**QXSTAO Qabiyyeewwan Barumsa Afaanichaa Irratti Dhiibbaa Geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa**

QXSTAO qabiyyee barumsa afaanichaarratti dhiibbaa geessisuu danda'uun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban ilaaluun xiyyeeffannoo kutaa kanaati. Haaluma kanaan, Dhimmi qabiyyeewwan barumsaa kunis bargaaffii 6n kan qindaa'e yoo ta'u argannoon isaas Gabatee 4 keessatti dhiyaateera.

**Gabatee.4: QXSTAO Qabiyyeewwan Barumsa Afaanichaarratti Dhiibbaa Geessisurratti Hubannoo Barsiisotaa (N=94, gaaff. 12-17).**

| **Safara Iskeelii** (*Mean scale value*) | | **F** | **Dhibbanta (%)** | **Walakkeessa** (*Mean*) | **Garaagarummaa** (*S. Deviation*) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1.00 - 1.79 | Baayyee Gadaanaa | - | - | | |
| 1.80 - 2.59 | Gadaanaa | 6 | 6.3 | | |
| 2.60 - 3.39 | Walakkaa/Neutral | 4 | 4.4 | | |
| 3.40 – 4.19 | Ol’aanaa | 43 | 45.7 | 4.21 | |
| 4.20 - 5.00 | Daraan Ol’aanaa | 41 | 43.6 | | 0.61 |

**f**= Friku’eensii/Baa’ina Deddeebi’ee Dhufuu

Argannoon Gabatee 4 QXSTAO qabiyyeewwan barumsaa afaanichaarratti dhiibbaan cimaafi hi’eentaa ta’e geessisuusaa agarsiisa (M = 4.21, SD =0.61). Kunis friiku’eensii deebii kennitootaan yoo ibsamu, irra jireenyi barsiisotaa, 84(89%) QXSTAO qabiyyeewwan barumsa afaanichaarratti dhiibbaa daraan ol’aanaafi ol’aanaa ta’e geessisa jechuun ibsaniiru. Karaa biraammoo, deebii kennitoonni muraasni, 6(6.3%) QXSTAO qabiyyeewwan barumsa afaanichaarratti dhiibbaa gadaanaa ta’e kan geessisu ta’uu argannoon deebii gaaffilee hubannoo barsiisotaa agarsiiseera. Akka ragaa afgaaffii barsiisotaattis taanaan hunda isaaniii bifa jechuu danda’amuun QXSTAO qabiyyeewwan barumsaa dhiyaatanirratti dhiibbaa mataasaa danda’e qabaachuusaa ibsaniiru. Kanaafis sadarkaan xiyyeeffannoo qabiyyewwan daree keessatti dhiyaatan agarsiisa cimaa ta’ee mul’ateera. Akka ibsa hirmaattota afgaaffiittis qabiyyeen barumsaa sadarkaa 1ffaarratti xiyyeeffannoo argate qabiyyee seerlugaati. 2ffaa irratti kan dhufe qabiyyee ogbarruuti. Kana malees, kitaaba barataa Afaan Oromoo boqonnaalee hunda keessatti kan hammatameefi yoo xiqqaate barruu dubbisaa tokkoon kan bakka bu’u dandeettiin dubbisuu xiyyeeffannoo sadarkaa 3[ffaa] argateera. Sadarkaa 4ffaarratti kan dhufes dandeettii barreessuu yoo ta’u, dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuus adeemsa baruu barsiisuu keessatti xiyyeeffannoon kan isaaniif hinkennamneefi sadarkaa dhumaarratti kan argamandha. Akka yaada hirmaattota afgaaffiitti ($B_2$, $B_4$, $B_5$, $B_8$, $B_9$ $B_{10}$) keessumaayyuu dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuu barsiisuuf kan yaalamu yoo ta’ellee, barattoonni sadarkaa yaadrimeetti akka hubatan gochuurra darbee qabatamaan barattoota hojjechiisuufi shaakalchiisuun kan barame miti. Sababnisaas, tokkoffaa, dandeettiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuun sadarkaa yaadrimeetiin alatti qabatamaan QXSTAO keessatti hindhiyaatu. Inni biroonimmoo, barattoonni baayyeen Afaan Oromootiin kan afaan hiikkatan ta’uun isaanii dandeettiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuu afaanichaa sadarkaa ol’aanaatti akka beekaniifi hubatanitti fudhatu. Ragaan daawwannaa darees qabatamaan kanuma kan mirkaneesse yommuu ta’u barsiisonni daawwataman hundiyyuu qabiyyeewwan

QXSTAO keessatti bal'inaan dhufu jedhamuun fudhataman kanneen akka seerlugaa, jechootaafi ogbarruuwwan irratti xiyyeeffatanii yoo dhiyeessan daawwatamanii jiru.

Waliigalaatti, ragaaleen rogsadeeffamuun dhiyaatan akka mul'isanitti QXSTAO qabiyyewwan barumsaa dhiyaatan dhiphisuutiin qormaaticha fakkeessuurratti dhiibbaa cimaa geesssisuun argameera. Kunis, Aldersonfi Wall (1993) eeruutiin, Simachew (2012:29), "The *washback of the exam narrowed the curriculum in that the teaching practice was geared to those areas of the lessons expected to be tested*" kan jedhus yaaduma kanaan walfakkaata. Kana malees, argannoon qorannoo kanaa argannowwan hojiilee qorannoo gara garaa kan akka Watanabe (1996), Cheng (1996) fi Shih (2009) waliin kan waldeeggaru ta'ee argameera.

**QXSTAO Meeshaalee Deeggarsa Barumsaa Irratti Dhiibbaa Geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa**

Kutaan kun QXSTAO dhiibbaa meeshaalee deeggarsa barumsaarratti geessisuu danda'uun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban sakatta'uurratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan, dhimmooti doomenichaa bargaaffii 6n qindaa'an bu'aan argannoo isaanii gabatee-5 keessatti dhiyaateera.

**Gabatee 5: QXSTAO Meeshaalee Deeggarsa Barumsaarratti Dhiibbaa Geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa (N=94, gaaff. 21-26).**

| **Safara Iskeelii** (*Mean scale value*) | | **F** | **Dhibbanta (%)** | **Walakkeessa** (*Mean*) | **Garaagarummaa** (*S. Deviation*) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1.00 - 1.79 | Baayyee Gadaanaa | - | - | | |
| 1.80 - 2.59 | Gadaanaa | 9 | 9.6 | | |
| 2.60 - 3.39 | Walakkaa/Neutral | 9 | 9.6 | | |
| 3.40 – 4.19 | Ol'aanaa | 62 | 66 | 3.82 | |
| 4.20 - 5.00 | Daraan Ol'aanaa | 14 | 14.8 | | 0.63 |

**f**= Firiku'eensii/Baa'ina Deddeebi'ee Dhufuu

Ibsa argannoo Gabatee 5 irraa akka hubatamutti deebii kennitoonni 76 (80.8%) ta'an QXSTAO filannoofi itti fayyadama meeshaalee barumsaarratti dhiibbaa daraan ol'aanaafi ol'aanaa ta'e akka geessisu ibsanii jiru. Deebii kennitoonni 9 (9.5%) ta'an immoo QXSTAO filannoofi itti fayyadama meeshalee barumsaarratti dhiibbaa gidduugaleessa ta'eefi ammas deebii kennitoonni 9(9.5%) dhiibbaa gadaanaa ta'e akka geessisu deebiin bargaaffii hubannoo barsiisotaa agarsiiseera. Gatiin walakeessa deebii kennitootaas 3.82 ta'ee argameera. Kunis, QXSTAO meeshaalee

deeggarsaa ykn dabalataa barsiisonni itti gargaaraman irratti (fakkeenyaaf, waraqaa qormaataa baroota darbaniifi barruuwwan qabiyyee qormaataa hammataniif xiyyeeffano addaa kennanii barsiisuu ykn shaakalchiisuu, kkf) dhiibbaa cimaa ta'e kan geessisu ta'uusaa agarsiisa. Ragaan afgaaffiis bal'inaan argannoo bargaaffii kan deeggare yoo ta'u, irra jireenyi isaanii ($B_1$, $B_2$, $B_3$, $B_4$, $B_5$, $B_6$, $B_7$, $B_8$, $B_{10}$) meeshaalee deeggarsa barumsaatti akka fayyadaman ibsaniiru. Baayyeen isaanii akka sababa guddaatti kan isaan kaasanimmoo, '*kitaabni baratawa gahaa miti'* kan jedhudha. Keessumaa $B_2$, $B_6$fi $B_8$ ga'umsa kitaabota barataarratti gaaffii kan kaasan yoo ta'u, kitaabonni barattoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 fooyya'insa tokko malee yeroo dheeraaf kan tajaajilandha jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Kanaan walqabatees, meeshaalee deeggarsa barumsaa isaan gargaaraman akka eeran yeroo gaafatamanitti $B_7$ alatti hundisaanii QXSTAO kan baroota darbaniifi kitaabota seerlugaa, afoolaafi ogbarruu kan namoota dhuunfaatiin qophaa'an irratti xiyyeeffachuu isaanii himaniiru. Barsiisonni daawwatamanis meeshaalee deeggarsa barumsaa kallattii QXSTAO waliin hariiroo qabanirratti xiyyeeffachuun barannoo yoo dhiyeessan argamaniiru. Kunis, si'aayinaan barachuu barattootaa galma geessisuuf kan qophaa'edha jechuun hindanda'amu. Sababni isaas, barattoonni daawwataman hundi saanii meeshaalee deeggarsa barumsaa /barnootaa murtaawwaafi walfakkaataa, jechuunis QXSTAO baroota darbaniifi kitaabota qormaatawwan shaakalchiisan irratti xiyyeeffatanii yoo barsiisan argamaniiru. Kunis, akka waliigalaatti, QXSTAO filannoofi itti fayyadama meeshaalee barumsaarratti dhiibbaalee cimaafi bal'aa ta'e kan geessisu ta'uusaa argarsiisa. Silabasii barumsaa dhiisuutiin qormaatarratti hundaa'aniimeeshaalee barumsaa filachuufi itti gargaaramuun qormaataaf gabroomuu akka ta'e, Simachew (2012: 25) Lam (1994) eeruutiin, "*Teachers that heavily rely on exam preparation materials, especially past exam papers as 'exam slaves*'" kan jedhus kanuma mirkaneessa. Kana malees, argannoon qorannoo kanaa argannowwan hojiilee qorannoo biroo kan akka Watanabe (1996), Cheng (1996)fi Aldersonfi Hamplyon (1996) waliin kan waldeeggaru ta'ee argameera.

**QXSTAO Madaallii Barumsa Daree Irratti Dhiibbaa Geessisu Ilaalchisee Hubannoo Barsiisotaa**

Kutaan kun QXSTAO madaallii barumsa dareerratti dhiibbaa geessisuu danda'uun walqabatee hubannoo barsiisonni qaban ilaaluurratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, dhimmi madaallii barumsa daree bargaaffii 7n qindaa'e argannoon isaas Gabatee 6 armaan gadii keessatti dhiyaateera

**Gabatee 6: QXSTAO Madaallii Barumsa Dareerratti Dhiibbaa Geessisurratti Hubannoo Barsiisotaa (N=94, gaaff. 27-33)**

| **Safara Iskeelii** *Mean scale value*) | | **f** | **Dhibbanta (%)** | **Walakkeessa** (*Mean*) | **Garaagarummaa** (*S. Deviation*) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1.00 - 1.79 | Baayyee Gadaanaa | 6 | 6.4 | | |
| 1.80 - 2.59 | Gadaanaa | 6 | 6.4 | | |
| 2.60 - 3.39 | Walakkaa/Neutral | 13 | 13.8 | | |
| 3.40 - 4.19 | Ol'aanaa | 50 | 53.2 | 4.13 | |
| 4.20 - 5.00 | Daraan Ol'aanaa | 19 | 20.2 | | 0.57 |

**f**= Firiku'eensii/Baa'ina Deddeebi'ee Dhufuu

QXSTAO madaallii barumsa dareerratti dhiibbaa geessisuu danda'uun walqabatee qaaccessi deebii hubannoo barsiisotaa Gabatee 6 keessatti dhiyaateera. Haaluma kanaan, irra jireessi deebii kennitootaa, 69 (73.4%) QXSTAO madaallii barumsa dareerratti dhiibbaa daraan ol'aanaafi ol'aanaa ta'e akka geessisu ibsaniiru. Deebii kennitoonni 12 (12.6%) ammoo qormaanni xumuraa Afaan Oromoo kun madaallii barumsa dareerratti dhiibbaa gadaanaafi daraan gadaanaa ta'e akka geessisutti ibsaniiru. Kana jechuunis, QXSTAO qophiifi raawwii madaallii barumsa dareerratti dhiibbaa kan geessisuufi sadarkaan dhiibbaa isaas cimaa ta'uusaa kan agarsiisudha (M = 4.13, SD = 0.58). Kunis, akkaataa madaallii barsiisonni raawwatan qormaata xumura kutaa 8ffaatiin kan walfakkaatuufi kallattumaan barattootas qormaata kanaatiif qopheessuurratti kan xiyyeeffate ta'uusaa agarsiisa. Ragaa bargaaffiin walqabatees, irra jireenyi hirmaattota afgaaffii ($B_2$, $B_5$,$B_6$,$B_7$,$B_8$,$B_{10}$) raga bargaaffii bifa deeggaruun ibsaniiru. Fakkeenyaaf, $B_2$, *"Battalleewwan ani qopheessu gaaffilee ministirii waliin akka walfakkaatan gochuuf nan yaala. Darbee darbees gaaffii ministriirraa fudhachuun yeroon barattoota madaalus nijira"* jechuutiin hariiroo QXSTAOfi madaalliisaa gidduu jiru ibseera. Haaluma walfakkaatuun $B_5$, "*Qormaanni koo kutaa 7fi 8 yeroon qopheessu qormaata ministirii dubbisuutiindha. Kunis barattoota madaaluufi qormaata Oromiyaa hojjechuuf gargaara"* jechuutiin gahee QXSTAO madaallii daree keessatti qabu ibseera. Yaadi deeii kennitoota biroos taanaan (fakkeenyaaf, $B_6$, $B_7$, $B_8$, $B_{10}$) yaada $B_2$fi $B_5$waliin kan waldeeggarudha. Ragaan daawwannaa darees yaaduma dhiyaatan kanneen mirkaneesseera. Barsiisota daawwataman keessaa barsiisaan tokko ($B_3$) qabiyyewwan barannoo kan akka dubbisuu, jechootaafi seerlugarratti hundaa'uun bifa walittifufaa ta'een madaallii gaggeessuuf yeroo yaalu daawwatameera. Kanaan alatti, hudisaaniiyyuu ($B_1$, $B_2$, $B_3$, $B_4$, $B_5$) dandeettiwwan afaanii arfan bu'uureffachuun barattoota isaanii madaalanii hinargamne. Kana malees, battallewwanis ta'an qormaatonni gara garaa barsiisota kanaan qophaa'an fakkaattii QXSTAO ta'uun argamaniiru.

Akka waliigalaatti, maddeen ragaalee bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa daree bu'uureffachuun qaacceffaman akka agarsiisanitti, QXSTAO madaalliwwan dareerratti (teacher made tests) dhiibbaalee gara garaa kan geessisu ta'ee argameera. Qabiyyeefi bifa qormaatawwan daree QXSTAO fakkeessuun isa tokko yoo ta'u, qabiyyewwan QXSTAO akka madda madaallii dareetti gargaaramuunis isa biroo ta'uun kan mul'atedha. Kanaan walqabatee, ibsi Shohamyfi kanneen biroo (1996:31*),* *"The teachers adapt the classroom tests from the past exam papers or from commercially produced exam-related materials with the intension of preparing their students to succeed in the forthcoming public exams*" kan jedhus argannoo qorannoo kanaa eeyyentaa bifa ta'een kan deeggaredha. Kana malees, argannowwan hojiilee qorannoo biroo kan akka Chen (2002), Simachew (2012)fi Wall(2005) bu'aa argannoo qorannoo kanaan walfakkaatanii argamaniiru.

**Gumaachitoota Uumama Dhiibbaa Woshbaakii QXSTAO**

Gaaffiin bu'uuraa qorannoo kanaa inni 2ffaa "QXSTAO raawwii barsiisuurratti dhiibbaa geessisurratti hubannoo barsiisonni horataniif dhimmoonni gumaachan (factors) maal fa'i?" kan jedhudha. Gaaffii qorannoo kana deebisuufis moodalli statistiksii hojiirra oole Rigireeshiinii Waalta'aadha (Standard Rigression). Moodalli kunis dirreewwan qorannoo hedduu biratti kan beekamuufi fudhatama guddaa kan qabudha (Muijs,2004; Connolley, 2007). As keessattis tokkoon tokkoo jijjiiramoota bilisaa woshbaakii qormaata xumuraaf hagan akka gumaachan ittiin ilaaluuf **kofisheentii beettaa/β (Standard Regression Coefficient /Beta)** dhimma ittibahameera.

Gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa isa 1ffaa deebisuu keessatti dhimmoonni barsiisuu QXSTAO dhiibbaa isaanirratti geessisuun argaman shan (5) gatiin walakkeessa isaanii rigireeshiinii walta'aa keessatti akka jijjiiramaa hirkataatti (independent variable) fudhatameera. Isaanis, Itti fayyadama yeroo, malleen barsiisuu, qabiyyee barumsaa, meeshaalee deeggarsa barumsaafi madaallii daree keessaati. Dhimmooti barsiisaafi haalawaa uumama woshbaakii qormaataaf gumaachanfi sakatta'a barruu qorannoo kanaa keessatti agarsiifaman,akkasumas qorattoota garagaraan (Aldersonfi Wall, 1993; Watanabe, 1996; Aldersonfi Hamplyons, 1999; Spratt, 2005; Chen, 2002; Cheng, 2004, 2005 kkf) adda bahan jijjiiramoonni toorba (7) akka jijjiiramoota ofdanda'ootti (independent variables) fudhatamaniiru. Isaanis, Kabaja ogummaa barsiisummaa, qabiyyee qormaataa beekuu tajajila. barsiisummaa fedhii/ilaalcha barachuu barattootaa, gatii/sadarkaa qormaataa (exam value), dhiibbaa

Bu'uura Kofisheentii Rigireeshiinii Dhaabbataatiin tokkoon tokkoo jijjiiramoota bilisaa dhiibbaa geessisanis kutaa 'Meeshaaleefi Malleen' keessatti akkuma ibsame sadarkaa Beettaa Muijs (2004:166) eere kan bu'uureffatedha. Kunis $< 0.11$ *dadhabaa*, *0.11 – 0.3 fooyyee qabeessa,* 0.31 – 0.5 *giddugaleessaa*fi $> 0.5$ *cimaa* jedhamuun kan agarsiifamedha. Haaluma kanaan argannoon Rigireeshiinii Dhaabbataa Kofisheentii Beettaatiin **(β)** agarsiifame Gabatee 7 armaan gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee: 7: Argannoo Kofisheentii Beettaa Rigireeshiinii Walta'aa**
(Standard Regression Coefficent _ Beta)

| Model | | Unstandardized Coefficients | | Standardized Coefficients | T | Sig. |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Beta | Std. Error | Beta | | |
| 1. | **(Constant)** | 1.16 | | | .260 | .042 |
| | Kabaja Ogummaa barsiisummaa | .522 | .324 | .327 | 1.45 | .033 |
| | Qabiyyee Qormaataa beekuu | 2.763 | .417 | .511 | 3.14 | .004 |
| | Tajaajila Barsiisummaa | 1.013 | .486 | .136 | 1.12 | .079 |
| | Fedhii/Ilaalcha barachuu barattootaa | 1.034 | .367 | .334 | 3.09 | .006 |
| | Gatii/sadarkaa qormaataa | 1.352 | .546 | .237 | 2.08 | .041 |
| | Dhiibbaa alaa | .136 | .352 | .314 | .144 | .046 |
| | Baay'ina wayitii barsiisaa | .611 | .725 | .044 | .327 | .476 |

**a.** (Dependent Variable): *Dhiibbaa QXSTAO geessisurratti hubannoo barsiisotaa*

Argannoon gabatee 7 akka agarsiisutti qabiyyee QXSTAO beekuun raawwii barsiisuurratti dhiibbaa inni geessisurratti hubannoo barsiisonni qaban ilaalchisee kofisheentii Beettaa cimaa ta'uun (β = 0.511, P < 0.05) hundarra caalee dhiibbaa woshbaakii qormaataa geessisee argameera. Fedhii/ilaalchi barachuu barattootaa dhiibbaa geessisurratti hubannoo barsiisonni qabanu (β = 0.334)fi kabaja ogummaa barsiisummaa irratti hubannoo barsiisonni qabanu (β = 0.327)fi dhiibbaa dhiibbaan alaa geessisurratti hubannoo barsiisonni qaban (β =0.314) sadarkaan cimina isaanii/ kofisheentiin Beettaa giddugaleessa ta'ee argameera. Sadarkaan barbaachisummaa/ gatiin 'P' isaaniis kan jijjiiramoota sadanuu kan dhimma baasu *(significant/P < 0.05)* ta'ee argameera.

Raawwii barsiisuurratti gatii, yookaan faayidaa QXSTAO qabu *(exam value/status)* ilaalchisee hubannoo barsiisonni qabanu sadarkaa jabina isaanii/kofisheentiin Beettaa fooyyee qabeessa/moderate (β = 0.237, P < 0.05) ta'uun sababa uumama woshbaakii QXSTAO ta'ee argameera. Qormaanni xumuraa kunis raawwii barsiisuurratti dhiibbaa geessisuun walqabatee tajaajila, yookaan muuxannoo barsiisummaarratti (teaching experience) hubannoo barsiisonni qabaniifi baay'ina way'itii barsiisonni qabatanirratti (teaching load) hubannoon barsiisotaa kofisheentiin Beettaa isaanii duraa duubaan fooyyee qabeessaa (β = 0.136)fi

dadhabaa ($\beta = 0.044$) ta'uun argameera. Kana malees, sadarkaan barbaachisummaa doomenoota lameen kanaa (muuxannoo barsiisummaafi baay'ina way'itii barsiisonni qabatan) kan dhimma hinbaafne (*insignificant /P > 0.05)* ta'ee argameera.

Uumama woshbaakii QXSTAOtiin walqabatee argannoon Kofisheentii Beettaa ragaalee afgaaffiitiinis kan deeggaramedha. Kunis, xiyyeeffannoo barsiisonni QXSTAOtiif kennanirraa ka'uun dhimmoota uumama woshbaakii QXSTAOtiif gumaachan gara garaarratti akka yaada kennan gaafatamaniiru. Haaluma kanaan, qabiyyee qormaataa beekuu, fedhii barachuu barattootaa, kabaja ogummaa barsiisummaa (professional diginity) fedhii bulchiinsa mana barumsaa, fedhii maatii barattootaa, kkf dhimmoota ijoo barsiisota kakaasan (mediating factors) ta'uu isaanii kallattiinis ta'e

Argannoon qorannoo kanaas hojiilee qorannoo woshbaakii qormaataa gara garaa waliin kan waldeeggaru ta'ee argameera. Haaluma kanaan, Fakkeenyaaf, Chen (2002:53), *"Exam coaching seems inevitable especially when teachers have more awareness of contents, skills, and/or formats to be tested in examination."* jechuun kan ibse qabiyyeefi unkaa qormaataa beekuun woshbaakii qormaataa uumuu keessatti gahee guddaa qabaachuu isaa kan agarsiisedha. Kabaja ogummaatiin walqabatees, Simachew (2012:37), *"Teachers' desire of maintaining their professional recognition as a good teacher tends their teaching to be exam focused. …. they were found frustrated & felt guilty if they failed to familiarize their students with tests*" jechuun kan ibsus, barattoonni qabxii qormaataa gadaanaa yoo galmeessisan barsiisonni isaanii akka ga'umsa hiqabnetti kan of-fudhatan ta'uu kan agarsiisudha. Kana malees, fedhii barachuu barattootaa (students learning tendency) ilaalchisee yaadi, (Chen, 2002:27), "*Students, who are aware of the prospective exam, demand their teachers to teach towards the test in order to succeed in the exams, especially in public exam. Thus, it is obvious that teachers consider the learning interest of students in their teaching*" jechuutiin kan ibsus argannoo qorannoo kanaan kan walsimatudha. Kunis, adeemsa fedhii barachuu barattootaa guutuuf deemuu keessatti barsiisonni xiyyeeffannoo barsiisuu isaanii QXSTAO irratti akka hundaa'u gochuu isaanii kan agarsiisudha. Kana malees, argannoon qorannoo kanaa argannowwan hojiilee qorannoo biroo kan akka Bucks,1988; Watanabe,1996; Aldersonfi Hamplyons, 1999; Shih,2009, kkf waliin kan waldeeggaru ta'ee argameera.

## Golaba

Qorannoon kun dhiibbaa woshbaakii QXSTAO gama barsiisotaan jiru xiinxaluurratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, kaayyoo qorannichaa galma geessisuuf malli qorannoo walmakaa (mixed approach) kan hojiirra oole yoo ta'u, meeshaaleen funaansa ragaalee sadii dhimma itti bahameera: Bargaaffii, daawwannaafi afgaaffii. Bargaaffiinis meeshaa ijoo qorannoon kun dhimma itti bahe yoo ta'u, kunis istatistiksii ibsaa (gatii walakkeessaa/mean value)fi istatistiksii inferenshiyaalii kan ta'e Kofisheentii Beettaa/β (Standard Regression Coefficent/Beta)tiin qaacceffameera. Ragaaleen daawwannaafi afgaaffiis ragaalee bargaaffii mirkaneessuuf hojiirra oolaniiru. Qorataanis Maldhahiwwan woshbaakii (woshback hypothesis) Aldersonfi Wall (1993)fi Fireemworkii Shih(2009)

bu’uureffachuun dhiibbaalee woshbaakii QXSTAO geessisuu danda’u xiinxaleera. Haaluma kanaan, tokoffaa, doomenoota barsiisuu 6 jechuunis, karoora barumsaa, ramaddii yeroo, malleen barsiisuu, qabiyyee barumsaa, meeshaalee deeggarsa barumsaafi madaallii barumsa daree (teacher made tests) irratti dhiibbaa woshbaakiin QXSTAO geessisuu danda’u sakatta’ameera. Kunis, kallattiifi sadarkaa dhiibbaa woshbaakii QXSTAO ittiin raawwatu adda baasuurratti xiyyeeffatee xiinxalameera. Lammaffaa, dhiibbaa woshbaakii QXSTAO geessisurratti hubannoo barsiisonni qaban/horatan bu’uureffachuun gumaachitoonni (factors) uumama woshbaakii QXSTAO kan itti ilaalamedha. Kanaafis, dhimmooti barsiisaafi haalawaa akka jijjiiramoo ofdanda’ootti (independent variables) fudhataman 7 qorannoo kana keessatti hammatamaniiru. Isaanis, kabaja Ogummaa, barsiisummaa, qabiyyee qormaataa beekuu, tajaajila barsiisummaa, fedhii/Ilaalcha barachuu barattootaa, gatii/sadarkaa qormaataa, dhiibbaa alaafi baay'ina wayitii barsiisaa yoo ta’an, dhiibbaaleefi sadarkaan dhiibbaalee isaan geessisanis qaacceffameera. Bu’uuruma kanaanis argannooleen qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaataniiru:

- QXSTAO karoora barumsaan alatti, dhimmoota barsiisuu 5 jechuunis, itti fayyadama yeroo, malleen barsiisuu, qabiyyee barumsaa, meeshaalee deeggarsa barumsaafi madaallii daree irratti dhiibbaa hi’eentaa ta’e (negative washback) geessisuun mul’ateera.
- Kanaan walqabatees, qabiyyeen barumsaa doomenoota barumsaa hunda caalaatti (*M=4.21*) dhiibbaa woshbaakii QXSTAOtiif saaxilamoo ta’uun argamaniiru. Kunis, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa qabiyyewwan QXSTAO ta’uun kan beekaman kanneen akka seerlugaa, jechootaafi ogbarruuwwan irratti xiyyeeffannoo addaa kennuun mul’ataniiru. Kun immoo, qajeelfama qunnamtiin afaan barsiisuu (CLT) irraa kan goredha jedhamee kan fudhatamuu danda’udha.
- Dhimmoota barsiisuufi haalawaa qorannoo kana keessatti hammataman keessaa shanan isaanii jechuunis, qabiyyee qormaataa beekuu, kabaja ogummaa barsiisummaa, fedhii barachuu barattootaa, dhiibbaa alaafi sadarkaa qormaataa (exam value) sadarkaa dhiibbaa gara garaatiin gumaachitoota (factors) uumama woshbaakii QXSTAO ta’anii argamaniiru. Kana keessattis, qabiyyee QXSTAO beekuun hunda caalaatti ($\beta = 0.511$) gumaachaa (factor) uumama woshbaakii QXSTAO ta’ee argameera. Qabiyyeefi unkaan QXSTAO walfakkaataafi kan hinjijjiiramne ta’uun isaa woshbaakii uumameef ka’umsa guddaa yoo ta’u, kunis sirna barumsaa afaanichaa dabsuufi dhiphisuutiin dhiibbaa cimaa geessisuu isaa kan agarsiisudha.

Argannowwan qorannichaarratti hundaa’uun yabooleen armaan gadii kennamaniiru:

- Qaamni dhimmi ilaallatu hundi fakkeenyaaf, BBO sirrummaa qabiyyee (content validity) QXSTAO mirkaneessuu qaba. Kunis, dhiibbaa

hi'eentaa qormaatichi geessisu hir'isuurratti gahee guddaa qaba.

- Qabiyyewwan QXSTAO keessatti hammatamuu qaban tokko tokko fakkeenyaaf, barreessuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu kallattiin qoruun (direct testing) rakkisaadha. Yeroo kanattis tooftaalee kallattiin ala qoruu (indirect testing) haalaan hojiirra oolchuun rakkoolee gama woshbaakii qormaataan mul'atan hir'isuu keessatti gahee guddaa qaba.
- Kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 waggoota 17 oliif tajaajilaa turanfi ammas tajaajilaa jiran fooyyessanii qopheessuun barbaachisaa dha. Kunis, dhiibbaa woshbaakii QXSTAO geessisu fooyyessuu keessatti gahee guddaa qabaata.

**Wabiilee**


Alderson, J. and Hamp Lyons, L. (1996). 'TOEFL preparation courses: A study of washback." *Language Testing*, 13/3, 280-297.

Alderson, J. and Wall, D. (1993). Examining washback: the Sir Lankan impact study. Language testing, 10,41-70

Asnaqech Mokonnon (2018). "Xiinxala Ga'umsa Qabiyyee Qorumsa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa: Baroota 2009fi 2010 [A.L.I] irratti xiyyeeffate" (Qorannoo Digirii 2ffaa hinmaxxanfamne), Yuunivarsiitii Amboo.

Bachman, L.F. and Palmer, A.S. (1996). *Language Testing in Practice*. Oxford: OUP.

Bailey, D.M. (1999). Washback in Language. TOEFL. Monograph Series Prenceton: Educational Testing Service.

Best, J.W. and Kahn, J.V. (1999). *Research in Education*. New Delhi: Prentice- Hall India.

Brown, H.D. (2004). *Language Assessment Principles &Classroom Practices*. California: Longman.

Buck, G. (1988). "Testing listening comprehension in Japanese university entrance examinations." JALT Journal, 10, 12-42.

Burns, A. (1990). *Collaborative Action Research for English Language Teachers. Cambridge. Cambridge* University Press.

Chen, L. (2002). "Taiwanese Junior High School English Teachers' perceptions of the Washback Effect of the Basic compet ence Testin English," (PhD thesis), Ohio: The Ohio State University.

Cheng, L. (2004). "The washback Effect of a Public Examination Change on Teachers Perceptions toward their classroom teaching," In L. Cheng, Y. Watanabe, & A. Curtis (Eds.), *Washback in Language testing*: Research contexts & methods.

Cheng, L. (2005). Changing language teaching through language testing: A Washback study. Cambridge: Cambridge University Press.

Cheng, L. (1997). "How does washback influence teaching? Implications for Hong Kong." Language and Education, 11 (1), 38-54.

Cheng, L., Watanabe, Y. & Curtis, A. (2004). Washback in Language Testing: Research Context and Methods. Mahwah, NJ: Lawrence Erlbaum Associates.

Connolly, P. (2007). *Quantitative Data Analysis in Education: A critical Introduc tion Using SPSS*. London & Newyork: Routledge.

Creswell, J. (2014). Research Design: Qualitative, Quantitative, and Mixed Methods Approaches. New Delhi: Sage Publications Inc.

Davies, A. (1990). *Principles of Language Testing*. Oxford: Oxford University Press.

Dejene Leta (1990). “Achievement, Washback and Proficiency in school Leaving Examination: A case of Innovation in an Ethiopian setting,” PhD thesis, Lancaster: University of Lancaster.

Dornyei, Z. (2007). Research Methods in Applied Linguistics: Quantitative, Qualitative and Mixed Methods. Oxford: Oxford University Press.

Frederiksen, J. R., and Collins, A. (1989). “A system approach to educational testing. *Educational Researcher,* 18(9), 27–32.

Heyes, B. (2003). “IELTS preparation in New Zealand: An Investigation into the nature of the courses and Evidence of washback.” PhD thesis. Victoria University of Wellington.

Hughes, A. (2003). *Testing for Language Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

Jayilaan Amaan. (2007). “Qaaccessa Ga’umsa Qabiyyee Qorumsa kutaa 10ffaa Afaan Oromoo 2006-2008)” (Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa hinmaxxanfamne), Yuunivarsiitii Finfinnee.

Jayilaan Amaan. (2007). “Qaaccessa Ga’umsa Qabiyyee Qorumsa kutaa 10ffaa Afaan Oromoo 2006-2008)” (Qorannoo Digirii 2ffaa hinmaxxanfamne), Yuunivarsiitii Finfinnee.

Kothari, C.R. (2004). Research Methodology: Methods and Techniques. New Delhi: New Age International Limited Publishers.

Kumar, R. (1996). Research Methodology: AStep by Step Guide for Beginners. London: Sage Publications.

Melkamu Abate. (2007). “The Washback Effect of Grade Ten English Language (EGSEC) Examination.” (Unpublished MA thesis), Addis Ababa: Addis Ababa university.

Messick, S. (1996). “Validity and washback in language testing.” Language Testing, 13/3, 241- 256.

Muijs, D. (2004). DoingQuantitative Research in Education with SPSS. New Delhi: Sage Publications

Pearson, I. (1988). “Tests as levers of change.” In D. Chamberlain & R. Baumgartner (Eds.), ESP in the classroom practice & evaluation (pp.98-107). London: Modern English Publications.

Sarantakos, S. (2013). *Social Research*. (4th edition). UK: Palgrave Macmillan.

Shohamy, E., Demitsa Schmidt, S. and Ferman, I. (1996). “Test impact revisited: Washback Effect over Time.” Language Testing, 13/3,298-317.

Simachew Gashaye. (2012). “Washback of the University Entrance English Exam (UEEE) on Teachers and Students Practice,” (Unpublished PhD hesis), Addis Ababa: AAU

Spolsky, B. (1995). The Examination of backwash cycle classroom. Oxford: Oxford UniversityPress.

Simachew Gashaye. (2012). “Washback of the University Entrance English Exam (UEEE) on Teachers and Students Practice,” (Unpublished PhD Thesis), Addis Ababa: AAU

Spolsky, B. (1995). The Examination of backwash cycle classroom. Oxford: Oxford UniversityPress.

Spratt, M. (2005). "Research Washback and the Classroom: the implications for teaching and learning of studies of washback from exams." *Language Teaching*, 9 /1, 5–29.

Taasisaa Kumsaa. (2010). "Qaaccessa Ga'umsa Qabiyyee Qorumsaa Afaan Oromoo Kutaa10[ffaa] (2007-2009)" (Qorannoo Digirii 2ffaa hinmaxxanfamne), Yuunivarsiitii Finfinnee

Watanabe, Y. (2004). *Methodology in Washback Studies* in Cheng, L., Watanabe, Y. Curtis, A (Eds.), Washback in Language Testing: Research Contexts and Methods (pp.19-36).